Gargaarsa Aartiiwwanii Mana Maree Aartiiwwan Naannoo Metiroopooliitaan irraa

Manni Maree Aartiiwwanii Naannoo Metiroopooliitaan (MRAC) dhaabbata bu'aaf hin dhaabbanne kan gargaarsa deebi'ee hin kaffalamne dhaabbataaleefi gareewwan kanneen gahiinsa aartiiwwanii Kaawuntii-7 naannoo metiroo keessatti (biyyoota Anoka, Carver, Dakota, Hennepin, Ramsey, Scott, Washington) akkasumas artistoota naannoo kana keessa jiraataniif dhiyeessaniif kennuudha.

Waggaa darbe MRAC gargaarsa deebi'ee hin kaffalamne 600 ol gareewwaniifi artistoota seenawwan dudduubaa garaagaraa qabaniif godhe. Namoonni gargaarsi godhamuuf gareewwan seenaa sagantessuu akkasumas hojjetaa kaffalamuuf hin qabne, dhaabbata bu'aa malee guddaa sagantaa aartiiwwan xiqqoo qaban, akkasumas aartiiwwaniifi aadaawwan bu'aa irratti hin hundoofne miseensota hojjettootaa xiqqoo akkasumas saganteessuu waggaa-guutuu qaban hammata.

Bara bajataa 2021 keessa (Adoolessa 1, 2020-Waxabajji 30,2021) MRAC irraa sagantaawwan gargaarsaa sadiitu jiru.

- **Equity Response Grant (Gargaarsa Deebii Madaalawaa)** gareewwan ykn dhaabbataalee baay'inaan Gurraachotaan, Dhalataa naannoo tokkoon, Namoota Haalluu Dhalattoota ta'an (BIPOC), Namoota Hir'ina Qaamaa qaban (PWD), fi/ykn Leesbiyaanota, Gay, Nafsaala dhiiraas dubaraas kan qaban, Namoota Koornayaa dhalootaan qaban irraa adda ta'e qaban (Transgender), Luuxiii, Haala qaamaa walakkaan kan dhiiraa walakkaan kan dubaraa (Intersex), Asexual/Agender (kan saala hin qabne), Namoota hafuura dhiiraas dubaraas qabaniin (Two-Spirit (LGBTQIA2+)) dhaan hoogganaman hamma $2500 tti badhaasa. Gargaarsiwwan kunneen gareewwan yoo xinnaate namoota 3 hooggansa keessaa qabaniif kennamu. Pirojektiiwwan fandii gargaarsota kunneenii karaalee garaagaraa faayidaarra ooluu danda'u, garuu kaawuntii naannoo meetiroo kaawuntii-7 keessa jiraniif gahiinsa aartii dhiyeessuu qabu.
- **Flexible Support Grant (Deeggarsa Gargaarsaa Jijjiiramu)** gareewwan ykn dhaabbataalee yoo xinnaate hooggansa keessaa namoota 3 qaban hamma $15,000 tti badhaasa. Pirojektiiwwan fandii gargaarsota kunneenii karaalee garaagaraa faayidaarra ooluu danda'u, garuu naannoo meetiroo kaawuntii-7 keessa kanneen jiraniif gahiinsa aartii dhiyeessuu qabu.
- The **Next Step Fund (Fandii Sadarkaa Itti Aanuu)** artistoota namoota dhuunfaatiif guddina hojii gargaaruuf hamma $5000 ni badhaasa. Artistoonni yoo xinnaate umurii waggaa 18 ta'uu qabu akkasumas guyyaa xumuraa dursanii yoo xinnaate ji'oota ja'aaf jiraattota naannoo meetiroo kaawuntii-7 kan turan ta'uu qabu. Artistoonni Fandii Sadarkaa itti aanu fudhataa jiran dameewwan ogummaa aartii gosa adda addaa keessatti shaakalu.

Badhaasonni gargaarsaa MRAC hundi karaa adeemsa keeddeebii marii iddoo miseensonni hawaasa aartiiwwanii ulaagaa kennameen iyyannoowwan dubbisanii fi gatii kennaniin kennamu.

Qajeelchonni gargaarsaa, waa'ee ulaagaa, guyyoota xumuraa ibsu akkasumas iyyannoowwan marsariitii www.mrac.org irratti maxxanfamu.

Deeggarsa dabalataaf, Daarekteroonni sagantaa MRAC yaadota fi ulaagaa pirojektii mari'achuuf ykn gaaffilee kamiyyuu deebisuuf ni argamu. Yoo barruulee hiikaman barbaaddu ta'e ykn fedhiiwwan gaheenyaa kamuu qabdu ta'e, MRAC'n waliigalteewwan akkasii yaadachiisa torban tokkoo waliin dhiyeessuuf gammadaadha. Adaraa mrac@mrac.org tti nu quunnamaa.